Dhiibbaa Bulchiinsi Tiraamp Bulchiinsa Gag Addunyaa Itoophiyaa keessatti qabu

Bulchiinsi Tiraamp “Seera Gag Addunyaa” amma hojiirra ooluus, fayyaa walqunnamtii saalaa fi walhormaataa Itoophiyaa irratti dhiibbaa waaraa fiduu hin oolu. Caamsaa 2017 hanga Guraandhala 2021tti imaammatichi dhaabbilee miti mootummaa Ameerikaa hin taane, Tajaajila kan akka ulfa baasuu, Odeeffannoo ulfa baasuu, Gorsa ykn oleergiinsaa,dhiyeessii garagaraa kennaniif bilissummaa uilfa baasuu leellisuuf maallaqa fayyaa Addunyaa Ameerikaa dhorkeera.

Caamsaa 2019 keessa bulchiinsi imaammata kana babal’isee dhaabbilee miti mootummaa deeggarsa xiqqaa isaanis haala imaammatichaa kan eegan qofaaf (warri deeggarsa xiqqaa argatan maallaqa Ameerikaa argachuus ta’e argachuu dhabuu). Imaammatichi dhaabbilee miti mootummaa maallaqa Ameerikaa hin taane fayyadamuun haala gudeeddii, saalqunnamtii firaa ykn lubbuu dubartii ulfaaf balaa ta’e irratti ulfa baasuu akka kennan deeggarsa Ameerikaa kan hayyamu ta’us, qabxii kana irratti ifa ta’uu dhabuun tajaajiloota kana irratti illee daangeffamuu hin oolu. Fooyya’insi Seera Gag Addunyaa pirezidaantoota Ameerikaa paartii Rippabilikaan irraa dhufaniin irra deddeebiin kan kaa’aman yoo ta’u, bara 1984 irraa eegalee pirezedaantoota dimookiraatotaan haqamaniiru.

Waraqaan dhugaa kun argannoowwan qorannoo dheerinaan gaggeeffame dhiibbaa seera Gag Addunyaa tibbana bahe fayyaa saalaa fi walhormaataa Itoophiyaa irratti qabu madaalu irraa argame dhiheessa.

Qorannoon kuan kenniinsa tajaajilaa fi bu’aa bara 2017 gidduutti imaammatichi guutummaatti hojiirra oolchuu isaa duraa fi jalqaba bara 2020 gidduutti safare. Dataan kun dhaabbilee fayyaa tajaajila karoora maatii kennan 361 fi Marii paanaalii hawaasa irratti hundaa’e dubartoota umuriin isaanii walhormaataa qaqqaban 4,909 (15–49) irraa kan dhufedha. Qorannoon Kun Addis Ababa, Affaar, Amaaraa, Oromiyaa, SNNPR fi Tigraay naannolee, walitti qabamanii, baay’ina ummata biyyattii keessaa %90 ta’an kan hammateedha jechuudha.

Itoophiyaa keessattii tajaajila ulfa baasuu fooyya’aa kan dhufee yoo ta’uu garu sababaa seera Gag adduuny a yeroo dhiyoo tureen walin walqabatee keenninsa tajaajila karoora maatii fi bu’aan isaas rakkoo keessa galee jira.

Deggarsaa Dhaabbilee miti mootummaan	Tajaajila Karoora maatii	Bu’aalee Fayyaa walhormaataa	Tajaajila ulfaa baasuun
Haarcaa’insa tumsa taassisuu Sagantoota isaani akka hir’isan ykn addaan kuutan taasisisuu	Dhaabbilee haawasa keessattii daawwannaan socho’aa baadiyyaa tajaajila karoora maatii keennuuf taassiffamuu hir’isuu Argamuun tajaajila karoora maatii hiir’isuu	Ittinfayyadamuummaan karoora maatii ammayyaa gadi hir’achuu Dahumsii dabaluu	Uwwisnii tajaajila ulfaa baasuu kara nageenyi isa egameen keennamuu dhaabbilee haawasa keessattii akka dabaluu taassisuu Tajaajila ulfa baasuu kara nageenyi isa egameen keennaman fooyya’eessuu Rakkoleen ulfa baasuu kara nageeynii isa hin egamnee muudataniif yaalaman hiir’achuu

Dhiibbaa dhaabbilee miti mootummaa irratti qabu

- Dhaabbileen Itiyoophiyaa heddun maallaqa Ameerikaa akka hin dhabneef jecha seera Gag bulchiinsi Tiraamp baase kabajaniiru. Daangeffamni imaammatichi tumsa isaanii jeequun bal’ina fi uwwisa isaan tajaajila kennuu danda’an hir’ise jira.
- Dhaabbileen miti mootummaa tokko tokko hojii ulfa baasuun walqabatee hojjetan dhaabuu diduudhaan sababa kanaan maallaqa Ameerikaa dhabaniiru. Bara 2019tti jijjiiramni tajaajila dhaabbilee miti mootummaa gurguddoo lama maallaqa dhaban irratti taasifameen rakkoleen armaan gadii muudataniit turan:
  - > Hojii sagantaa dargaggootaa addaan kutuu aanoolee 24 keessaa 18 keessatti .
  - > Sagantaa daawwannaa socho’aa ykn manaa manaa kan mala ittisa ulfa ittisuu yeroo dheeraa duubatti deebi’uu danda’u (LARC) fi mala ittisa ulfa dhaabbataa baadiyyaa keessatti kennu duubatti deebisuun.
  - > Sagantaan deeggarsa ogummaa dhaabbilee fayyaa hawaasaaf kennuu dhaabbachuu.

Dhiibbaa tajaajila karoora maatii irratti qabu

Argamuun tajaajila karoora maatii tokko tokko bara 2017 fi 2020 gidduutti gadi bu’eera.

- Tilmaamni dhaabbilee Fayyaa karoora maatii karaa tola ooltota fayyaa hawaasaatiin dhiyeessan %30 irraa gara %24tti gadi bu’eera.
- Gaheen dhaabbilee daawwannaa moobaayilaa daawwannaa sochootuu dirree dhiyeessii LARC fi mala ittisa ulfa dhaabbataa dhiyeessan %21 irraa gara %8tti gadi bu’eera.
- Gaheen dhaabbilee karoora maatii walitti hidhame fi kunuunsa ulfa baasuu boodaa kennan %77 irraa gara %73tti gadi bu’eera.

- Gaheen dhaabbilee mala ittisa ulfaa dhumuu isaanii gabaasan %53 irraa gara %59tti ol guddateera.

Dhiibbaa fayyaa walhormaataa irratti qabu

Erga seerri Gag hojiirra ooleen booda kenniinsa tajaajila karoora maatii hir'achuun bu'aa murteessaa dhiheenya kana fayyaa saalqunnamtii fi walhormaataa irratti argame duubatti deebiseera. Jijjiiramni armaan gadii walakkeessa bara 2018 hanga jalqaba bara 2020 gidduutti raawwatameera:

- Fayyadamni qoricha ittisa ulfaa Ammayyaa waggoota dhiyoo asitti dabalaa ture hir'achuu jalqabe.
- Kufaatiin kun naannolee dhaabbileen miti mootummaa sababa maallaqa Ameerikaa dhabuutiin tajaajila isaanii hir'isan keessatti naannolee tajaajila maallaqaan walqabatee hir'inni hin jirre caalaa guddaa ture.
- Da'umsi, waggoota dhiyoo asitti hir'atee ture, dabaleera: Dubartoonni qorannoo kanarratti hirmaatan ji'oota 12 darban keessatti da'an %14 irraa gara %16tti ol guddateera.

Dhiibbaa tajaajila ulfa baasuu irratti qabu

Itiyoophiyaan seera ulfa baasuu ishee bara 2005 fooyyessee babal'isuun ulfa baasuu bu'uura bal'aatiin seera qabeessa taasisuuf ergasii kunuunsa ulfa baasuu fi ulfa baasuu boodaa nageenya qabu akka argamu fooyyessuuf tattaaffii guddaa gooteetti. Sirni fayyaa Itiyoophiyaa fi dhaabbileen miti mootummaa isa deeggaran osoo seera gag bulchiinsi Traamp hojiirra jirutti tajaajila ulfa baasuu eeguu fi babal'isuu danda'aniiru. Bara 2018 hanga 2020 gidduutti:

- Dhaabbileen fayyaa hawaasaa baay'een ulfa baasuu qorichaan kennuu waan danda'aniif, qoodni dhaabbilee fayyaa hawaasaa dandeettii kunuunsa ulfa baasuu nageenya qabu kennuu qaban %67 irraa gara %83tti ol guddateera.
- Lakkoofsi ulfa baasuu nageenya qabu dhaabbilee fayyaa keessatti kennamu gara %10 dabaleera. Dhimmi kunuunsi ulfa baasuu boodaa %7 hir'ateera, kunis dubartoonni muraasni rakkoo ulfa baasuu nageenya hin qabneef saaxilamanii kunuunsa barbaadan agarsiisuu danda'a.

Yaada kennaman

Mootummaan Itoophiyaa waggoota kurnan darban hedduu keessa fedhii saalaa fi walhormaataa dubartootaa guutuu irratti guddina guddaa kan agarsiise yoo ta'u, argannoowwan akka agarsiisanitti, seera Gag Addunyaa Ameerikaa yeroo dhiyootti irra deddeebi'uun bu'aawwan kana keessaa muraasa jeeqee fi duubatti deebisee jira. Bulchiinsa Ameerikaa gara fuula duraatiin seera gag yoo deebi'e abbaa biyyummaan Itiyoophiyaa tajaajila fayyaa ishee irratti qabdu akka eegamu gochuuf tarkaanfiin murteessaa ta'e fudhachuun barbaachisaadha.

- Imaammattoonni dursanii hojjechuu qabu Itiyoophiyaa keessatti dameen mootummaas ta'ee dhuunfaa, akkasumas dhaabbileen siivikii tajaajila fayyaa walqunnamtii saalaa fi walhormaataa kennuu isaanii itti fufuu akka danda'an, akkasumas mirgi walqunnamtii saalaa fi walhormaataa dubartoota Itiyoophiyaa akka kabajamuuf Itiyoophiyaa keessatti ilaalamuu qaba.
- Imaammanni kun fayyaa fi mirgoota dubartoota saal-qunnamtii fi walhormaataa Itoophiyaa fi addunyaa maraa mancaasuun itti fufuu akka hin dandeenye Kongireesiin Ameerikaa seera gag addunyaa dhaabbataadhaan haquu qaba.
- Seerri gag yoo deebi'ee hojiirra oole, mootummaan Itiyoophiyaa, waldaaleen siivikii fi dhaabbileen miti-mootummaa idil-addunyaa dhaabbileen miti-mootummaa Itoophiyaa hundi miidhaa imaammanni kun fiduu danda'uu fi tajaajila dhaabbileen miti-mootummaa imaammaticha eegan kennuuf ulaagaa guutanii akka itti fufan hojjechuu qabu.
- Mootummaan Itoophiyaa maallaqa Ameerikaa irratti hirkataa ta'uu hir'isuuf jecha tajaajila fayyaa walqunnamtii saalaa fi walhormaataaf oolu adda addaa gochuu fi babal'isuuf hojjechuu qaba. Kunis karoora maatiif maallaqa biyya keessaa guddisuu, karoora maatii uwwisa fayyaa waliigalaa keessatti hammachuu fi kuusaa arjoomtootaa karoora maatii Itoophiyaa deeggaru adda addaa gochuu dabalata.

Find this fact sheet online, in English, Amharic and Afan Oromo, at https://www.guttmacher.org/fact-sheet/impact-trump-administrations-global-gag-rule-sexual-and-reproductive-health-ethiopia. Additional information on sexual and reproductive health in Ethiopia is available at https://www.guttmacher.org/regions/africa/ethiopia.

Galata

Qorannoon barreeffamni kun irratti hundaa'e akka qoratamu kan dandessise deeggarsa Faawundeeshinii Deeviid fi Luusiil Paakaard, dhaabbata maqaan isaa hin ibsamnee fi Faawundeeshinii Wiliyaam fi Filooraa Hewlett irraa argameen ture. Yaadonni ibsaman kan barreessitootaa yoo ta'u, ejjennoo fi imaammata arjoomtootaa kan calaqqisiisuu miti.

Maddoota

Odeeffannoon waraqaa dhugaa kana keessatti argamu Sully EA, Shiferaw S, Assefa S, Bell SO fi Giorgio M, Dhiibbaa imaammata seera gag addunyaa babal'ate bulchiinsa Tiraamp kenniinsa tajaajila karoora maatii Itoophiyaa irratti qabu, Qo'annoo Karoora Maatii, 2022, 53(2):339–359, https://doi.org/10.1111/sifp.12196, fi qorannoo walfakkaataa irraa ragaa yeroo ammaa hin maxxanfamne irraa.

Ipas ETHIOPIA
www.ipas.org/where-we-work/ethiopia

ADDIS ABABA UNIVERSITY
www.aau.edu.et

PMA2020
Performance Monitoring and Accountability 2020
www.pmadata.org

GUTTMACHER INSTITUTE
guttmacher.org